## Tasmaaniyaa xiqqoo

# Iddoo biqiltuu Kaatii



Fakkiin kan

Shiloh Longbottom

Oromo | Afaan Oromoo



Yeroo tokko warshaan tokko ture.
Sana booda ni deeme.
Amma bakka duwwaa (waan hin qabnee),
bakka ijoolleen illee itti hin taphannedha.



Kaatiin lammii Taasmaaniyaa ti,
intala naannoo sana jiraattu.
Bakka dagatame kana bira deemti,
maaliif akka ta'e dhaabbattee of gaafatti.




Kaatiin nama isheen beektu
tokko qodaa baattee deemu argiti.
Biqiltuun tokkoo ykn lama bakka ishee
fooyyessuu danda'a jettee yaaddi.

John salphaa akka hin taane dubbate,
garuu biqiltuu tokko tokko akka
dhaabuu danda'u ishi hiime.
"Maaliif daraaraa tokko tokko
guddiftee kanniisaaf mana hin tolchitu?"






Waan tokko waliin hojjechuun
akkaataa nuti asitti hojjennudha.
Ollaan keenya nu gargaaruuf waliin dhufu.
Fagoo fi dhihoo irraa dhufu.

Yeroo ganna ni qophoofna.
Qorraadha garuu baayyee hurrisaa dha.
Marsiin boorsaa sanyii qabu qabattee as jirti.
Hiriyoonni biroo ni dhufu.






Hojiin cimaadha. Mul'ata keenya guddaadha.
Dhaabnee, qonnee facaasna.
Waan haaraa barachuu fi yaaluun, maasii keenya
akka guddatu gargaaruun nama gammachiisa.



David meeshaalee hooji isaa fidee dhufe.
Daasii maasii ijaarre.
Roobni ni roobaa booda immoo aduun baha.
Siree daraaraa ni kunuunsina.




Muka leatherwood jadhamu
fi margi basket jadhamu yeroo
hunda naannoo asitti biqila.
Simbirroonni bishaanii fi
wombatiin mul'achuu jalqabaniiru.



Yeroo aduu ta'u bishaan nu barbaachisa.
Carleeta'n karaa beekti.
Bara baraan akkas ture.
Kanaafidha as kan tuurru.

Kaatiin lammii Taasmaaniyaa dha.
Lafa duwwaa fudhattee hiriyyoota ishee
waliin ta'uun lafa iddoo biqiltuu tolchite.



Hundi keenya guddaas xiqqaas
dandeettii keenya ta'e qabna.
Katyiin akkas goote! Kanaaf atillee dandeessa...



Laalii!

Hundaa keenya keessa Taasmaaniyaa
Xiqqoon jira.

Eeyyee, si dha.



## Bineensota Taasmaaniyaa kana argachuu dandeessaa?

1 
Platypus

2 
Fattee (Raachaa) daa'imma Taasmaaniyaa

3 
Simbira halkanii gurra-dheeraa qaban Taasmaaniyaa

4 
Billaacha Emperara

5 
Wombatoonii beekamaa




6 
Taasmaaniyaan deeviils

7 
Pardalotes tuqaa afurtama qaban

8 
Daakiyyee mukaa Awustiraaliyaa

9 
Echidnas afaan gabaabaa qaban

10 
Istarn baard bandicoots



## John Kamara (Joon Kamaraa)

John Kamara baqataa ta'eeti gara Taasmaaniyaa kan dhufe. Amma, rakkoo bakka mara godaantotni mudatu, kan akka sanyummaa, saaminsa hojjettootaa, fi barbaachisummaa beekamtii dandeettii biyya alaa ibsuuf hojjeta. John godaantotni hojii fi mana jireenyaa akka barbaadan kan gargaaru yoo ta'u, waldaa faarfannaa aadaa hedduu qaban (multicultural choirs) keessattis sochii guddaa taasisa. John hundeessaa fi Pirezidaantii Gamtaa Aadaa Adda Addaa (Culturally Diverse Alliance) Taasmaaniyaa fi hundeessaa Mana Maree Hawaasa Afrikaa Taasmaaniyaati. Inni lammii Awustiraaliyaa Taasmaaniyaa kan bara 2023tti ta'eera. Johniifi haati warraa isaa Mavis dhaabbata bu'aadhaaf hin hojjenne kan barattoota Seeraaliyoon fi Gaanaa jiraataniif qabeenya barnootaa kennu Kamara's Heart Foundation hundeessan. Johniifi maatii isaatiif Taasmaaniyaa mana yoo taatu, galmi isaas hawaasaa fi jireenya fooyya'aa fi haqa qabeessa hundaaf uumuudha.



## Mars Buttfield-Addison (Maat Baatfiild-Addison)

Maat Baatfiild-Addison saayintistii kompiitaraa fi nama qunnamtii saayinsii ti. Jireenyaa fi barnoota ishee keessatti jalqaba haaraa barbaachaa dargaggummaa isheen gara Taasmaaniyaa deemte. Akka ogeessa teeknooloojiitti, Marsii rakkoolee dizaayinii mul'ataa, fayyaa hawaasaa, aerospace fi kkf irratti mul'atan furtee jirti. Amma Yunivarsiitii Taasmaaniyaa keessatti teleskooppii raadiyoo fayyaddamudhaan saatalaayitii fi caccabaa hawaa hordofti. Mars sagantaa uummataatiin fi STEM dhaan mana barumsaa keessaatii kumaatamaan lakkaa'aman kan qaqqabde yoo ta'u, appii barnootaa fi taphoota manneen barnootaa fi taateewwan saayinsii naannoo Awustiraaliyaa keessatti argaman hojjettee jirti. Marsiin carraa guddaa argachuuf Taasmaaniyaa gadhiistee bahuu qabda jedhu sheekkoo yeroon isaa darbe cabsuuf, akkasumas lammiileen Taasmaaniyaa xixiqqoo illee saayinsii fi bareedina naannoo isaanii jiru akka dinqisiifatan kakaasuu barbaaddi.



## David Foster (Deeviid Foster)

Shaampiyoonaa muka ciruu addunyaa kan ta'e David Foster OAM, yeroo baay'ee atileeti Awustiraaliyaa keessatti milkaa'aa ta'e jedhamun beekkama. David Kaaba Dhiha Taasmaaniyaa keessatti kan guddate yoo ta'u, abbaa isaa waliin garee magaazi harka lamaan muuruun waancaa addunyaa isaa jalqabaa injifate. Rikardii addunyaa hedduu cabsee waggoota 21 walitti aansuun rikardii addunyaa qabateera. Ispoortii addunyaa kamiyyuu keessatti atileeti sadarkaa adda addaatti waancaa 1,000 ol injifate qofa ta'uu mala. David bara 2020 galma beekamtii Ispoortii Awustiraaliyaa keessatti kan galmaa'e yoo ta'u, meedaaliyaa ANZAC, Centenary, fi Order of Australia dabalatee kabaja argateera. Kunuunsa maanguddootaa, fayyaa dhiirotaa, fi mirga LGBTQIA+ irratti duula kan taasisudha. David'iif Taasmaaniyaan addunyaa kanarraa bakka jireenyaa hunda caaludha. Dargaggeessi Taasmaaniyaa kamiyyuu yoo ofitti amanan abjuun isaanii dhugoomuu akka danda'u akka beeku barbaada.



## Carleeta Thomas (Karleeta Toomaas)

Carleeta Thomas dubartii pakana boontuu kaaba baha lutruwita/Taasmaaniyaa ti. Bakka Carleeta dhalattee guddatte truwana/Cape Barren Island yammu ta'u, achittii maatii ishee waliin nyaataf simbirroota sassaabuu jaallatti. Carleeta qajeelchituu hundeessaa badhaasa mo'ate wukalina Walk, muuxannoo turizimii palawa-abbummaa fi hojjetamu wukalina (Mt William National Park) fi larapuna (Bay of Fires) turte. "Yeroon jalqabaa gara wukalina dhufe yeroo jalqabaaf gara biyya koo isa dhugaa dhufe," jetti Carleeta. "Kun bakka sirrii gosti truwulway Saba Kaaba Bahaa keessa jiraatanidha. Mannalargenna waliin walitti qunnamna. Miirri walitti dhufeenyaa akkan yeroon mana Cape Baaren irratti argamutti, bakka abbootiin koo jiranitti natti dhaga'ame. Yeroon jalqabu garee waliin dubbachuu irratti muuxannoo hin qabu ture. Mana barumsaa sadarkaa lammaffaa keessatti ofitti amanamummaa akkasii tokkollee hin qabu ture. Namoota dandeettii si keessatti argan tokko lama qofa si barbaachisa, yeroo dheeraa keesattii si ijaaruuf."

Tasmaaniyaa xiqqoo

# Iddoo biqiltuu Kaatii

Akkuma kee nama tokko kana godhee ture, atillee godhachuu dandeessa!



Kitaabni kun kan Tasmaaniyaa Xiqqoo baayyee adda taate tokkoo ti:

_______________

Brand Tasmania
Hobart, Tasmania, Australia | littletasmanian.com.au
Mirga waraabbii Barreeffamaa fi Fakkiiwwan © Brand Tasmania 2024
Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
Bal'ina Kataloogii Maxxansa Mana Kitaabaa Biyyaalessaa Awustiraaliyaa irraa argachuu ni danda'ama ISBN 978-0-6459835-6-2
Dizaayinii fi fakkiin kan hojjetame Shiloh Longbottom dhan.

Dabalata baruuf dubbisu keesan itti fufaa

Forty South PUBLISHING

TASMANIAN

ISBN 9780645983562